# سُورَةُ الكَوثَرِ
# Suuraa Kawthar

قبل كل شئ هذه هي سورة الكوثر

*Dura dursoo suuran tan suuratulkawthar je'amti,

وهي مكيـــة

*Isiin suura makkaati takkaa ta madiina'aati

وآياتهـا ثلاث

Aayaanni isi'ii sadii {3}.

وعـددهـا مائة وثمانية

*Lakkooysi isi'ii dhibbaafii saddeeti {108}

نزلت بعد سورة العاديات

*Isiin eega suuraa {aadiyaatii} buute.

وسبب نزولهـا

*Sababaan suuran tun buutef namicha tokko kan kuffaara qureyshi'iitu, ilmi nabi muhammad duunan Muhammad {abtar} tayee je`ee gammade, {abtar} jechuun, kan ilmi dhiiraa irraan hafin jechu`u, takkaa {abtar} jechuun; kan waan gaarii hundarraa cite jechu`uu, hoggaa san Rabbiin suuraa tana buusee, nabi Muhammad gammachiisee ummata isallee badhaase.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabii rahgmata qabuutii

إِنَّا أَعْطَيْنَاكَ الْكَوْثَرَ ﴿١﴾

**1}***Yaa ergamaa kiyya Muhammad {laga kawthar} je'amu sii kennineejirra inni laga jannataa,kan bishaan isaa aananirra addaatu ,kan daymarra mi`aayu, kan hancabbi`irra qabbanaayu , kan namni takka isa dhuge zalaalamii hin dheebonne ,layni kun ,hawdii ,nabi, Muhammaditti,yaa`a,kan ummanni isaa hoggaa dirree qiyaama`aatii gara jannataa yaa`an dhuganii dheebuu dirree qiyaama`atti argan bayan,kan nabi Muhammad naanniga bishaan sanii kan geebni hedduun akka urji'ii irra jiru, gubbaa dhaabbatee ,ummata isaa eegu .ammas kawthar jechuun ;kheyrii, yookaa waan gaarii hedduu Rabbiin sii kenne jehu ,nabiyyii si goonee ,qur`aana sirratti buufnee, shafaa`aa guyyaa qiyaama`aa sii kenninee,laga {kawthar} sii kenninee.

فَصَلِّ لِرَبِّكَ وَانْحَرْ ﴿٢﴾

**2}***tanaaf jecha gammadii salaata shanan salaati , akkasuma sunnaa salaataa ,kan akka salaata {iida} arafa'aa salaatii{udghgiyaa} arafa`aa qali

*Namni si jibbu kan hamtu`uun si fedhu,

إِنَّ شَانِئَكَ هُوَ الْأَبْتَرُ ﴿٣﴾

**3}***Isumaatu waan kheyrii taye hundarraa cite